BEEKSISA WALII GALTEE

Waliigalteen kun ka tolfame guyyaa harr'aa Arfaasaa 4 bara 2003 tti Tuta Tokkummaa Koree Waajjira Araaraa (Unity Community Mediation Team) fi Murna Polisa Minneapolis (Minneapolis Police Department) gidduutti.

DURAANDURSA

Tuti Koree Hawwaasa Tokkummaa (The Unity Community Team) fi Murni Polisa Minneapolis (MPD) walii galtee of kennuu kanatti galan nageenyaa fi mirga namaa, bilisummaa namaa, mirga seeraan bulmaataa kan warra Minneapolis keessa jiraatan hundumaa, osoo gargar hin qoodin qommoodhaan, sanyiidhaan, hidda gosaan, amantiin, afaaniin, haala/sadarkaa Immigrashiniitiin, saalaan/durba-dhiiraan, xurree fedhii fooniitiin, haala fayyummaa sammuutiin, umriitiin, sadarkaa dinagdee yks hirr'ina qaamaatiin.

Nuti aadaa hammeenyaa fi goolii bakka hundumaa jiran ni balaleeffanna. Saba keessatti bakka arginu hundumaattis ittiin mormina/ni lolla. Kutaa poolisa/nagayaa eeydotaa keessaa lafa itti arginutti ittiin mormina. Akkasumas nuti ni balaleeffanna gosaan wal-caalchisuu bakka jiru hundumaatti. Saba keessatti, bakka inni itti argamutti ni lolla. Murna poolisaa keessaa bakka inni itti argamutti ni lolla.

Nuti walii galla waliin hojjechuutiif akka eegnuuf jireenya, ulfina, fayyummaa fi nageenya namoota Minneapolis keessa jiraatanii; dalaga poolisaa fooyyesuuf marii kana itti fufuutiif; mirgi uummata Minneapolis keesa jiraatanii qondaala polisaan yommuu xuqamu murtii qajeelaatiin hiikama argachuu isaa mirkaneessuutiif; sadarkaa oguma hujii fooyyesuuf leengisuu; akkasumas adda addummaa qoomoo fi saalaa/dhiira-dubartii qixa hundumaa kan Murna Poolisa Minneapolis; akkasumas walitti dhufeenya hawaasota keenyaa fi kan damee poolisa isaanii fi kan Magaalaa Minneapolis fooyyessuutiif.

Qondaalonni polisaa seera hujii irra oolchuutiif akkasumas qomoo/hidda dhalootaa otuu hin ilaalin tarkaanfii fudhachuutiif kakaatti galaniiru. Hujii poolisaa keessatti qomoon haala tarkaanfii fudhannaa yoo ni kakaasa/ni murteessa tahe, kun mul'inatti cinqii/yaaddoo hawaasaa fi kan kutaa poolisaa ta'uun isaa beekamaadha. Qabannoon cora/kuusaa beekumsaa Birraa 24, 2003 "Qorata Bifa Qomoo Minnesotaa" (Minnesota Racial Profiling Study), ka Koree waa'ee Seera Cabsuu fi Qajeelchuu (Council on Crime and Justice), tiin maxxanfame keessatti waan kana mul'isee, caalatti akka qoratamu dirqamaan gaafateera. Qondaalota Polisaatti itti gaafatamni hedduun kennameera, hujii uummataatiif of kennuu guddaadhaafis itti gaafatama qabu. Qondaalonni Murna Poolisa Minneapolis (MPD) hujii beekumsaa/ogumaa mul'isuun akkasumas tajaajila quubsaa uummata hundumaaf kennuun dirqamaan irraa eegama. Qondaalonni warri hujjii isaanii gita caalmaatti hojjetan hundumtuu, uummata tajaajilan irraa kabaja argachuun isaaniif taha.

Giddu dhaabattuun Hidhata Biyyaa (The Federal Mediator), Patricia Glenn, garee lamaanuu wajjin walgeesee jijjiirama qindeessuuf, waliif hiruu odeeffannoo/dubbii fi ilaalchaa, akkasumas gareen lamaanuu waliif galtee isa uuman gara fuula duraatti adeemsisuudhaan jirrenya Minneapolis keessaa fooyyesuuf akeeka qaban akkasumas akka kun jalqaba jireenya haaraa, bu'aa caalaaftiif haasawa Magaalaa Minneapolis, Murna Poolisa Minneapolisii fi namoota magaalaa gidduutti dhima hojii polisa ilaaluudha.

Akka geggeessitoota hawaasaattii fi geggeessitoota polisaatti carraa kana qabannee walii wajjin hojjechuutiif filanneera. Kun dhuma rakkina keenya hundaa miti. Kun dhuma arrii fi abdii kutannaa miti. Kun jalqaba — carraa riqicha wal-hubannaa polisaa fi hawaasaa gidduutti ka hojii seeraa fooyyesu, ka nageenya uummataa fooyyesu, akkasumas ka seeraan walii galuu hawaasaa fooyyesu ijaaruudha. Kun gara fuula duraatti jireenya uummata magaalaa hundumaa fooyyessa.

Walii galteen kanatti aanee jiru akka tarkaanfii isa jalqaba seenaa gadda/mufata hawaasaa tuqutti ilaalamuu qaba. Jalqabi foyyessa dalaga tilmaamaa ka walii galtee kana keessatti tuqaman tarkaanfii warra duraa ka maree/haasawa tilmaama otuu wal irraa hin citin adeemu gara foyya'uutti oofu, nageenya uummataa fi nageenyaa fi hojii beekumsaa/ogumaa ka kutaa poolisaati. Gareen lachanuu akka kanaan gadiitti walii galan:

WALIIGALTEE

AMMA, KANAAF, AKKA KANATTI FUFEE JIRUUTTI WALII GALAMEERA:

Kutaa 1. Humnaan Fayyadamuu. MPD humnaan fayyadamni qondaalota isaa uummata Minneapolisitti cinqii ta'uu isaa akkasumas caalaatti iyyuu sabni bifa garaa-garaa, Afriikanonni Ameriikaa, dubartoonni, Indiaanonni Ameriikaa, miseensonni hawaasa GLBT, akkasumas miseensonni hawaasa nageenya fayyaa humnaan fayyadamuun polisaa akka isaan hubu ni hubata. MPD ni amana barnooti, leengisi, akkasumas sirni haasawuu dhimma kanaaf baarbaachisaa ta'uu isaa. Akka kanatti, gumaati walii- gala seera kanatti aanee jiru waa'ee humnaan fayyadamuu qondaalota MPD irratti.

1.1 *Fudhatama Humnaan Fayyadamuu.* Giti dhaabbii yeroo humnaan fayyadamaa fudhatamni isaa heeraa fi qabaa seera Minnesootaatiin bulfama. MPD ni amana sodaachuutiin, caalaatti iyyuu qomoo yks hidda dhallota nama tokkoo irratti hundeeffamee humnatti fayyadamuun raawwatee sababii fudhatamaa ta'uu akka hin dandeenye.

1.2 *Tilmaama Humnaan Fayyadama Ilaalu.*

1.2.1 *Tilmaama Humnaan Fayyadamuu.* Heerri Minnesoota (Minnesota Statutes) kutaan poolisaa tilmaama humnaan fayyadamaa ka seera biyyaa caalaa gaadi'u tti akka dhimma hin bane ni ajaja. Dirqamni seeraa kun tilmaama humnaan fayyadamuu MPD isa heera biyyaa fi seera hidhata biyyootaa irratti hundeeffame bulcha.

1.2.2 *Dirqama Gabaasaa.* MPD seera isaa isa qondaalota dirqsiisu bakka humnaan fayyadaman hundatti akka gabaasa gurmeessan eeguuf walii gala. Seericha jalatti, gabaasi humnaan fayyadamuu ni ibsama akka quunnamtii poolisaa mul'inatti fayyadamuu ka fidu:

- Meeshaa woraanaa, konkolaatotaa, meeshaa du'a hin fidne, rukkuttaa yks dha'uu qaamaa.

- Qabaa qaamaa irratti miidhaa ka fide yks ka fiduu malu. Kunis kan hiisisuu fi kan hin hiisifne dabalateeti.

Qondaalonni humnaatti dhima bahan marri gabaasa guutuuf dirqama qabu. Dirqama gabaasa kitaabaan qophaa'e dhi'eessuutti dabalee, seerri ni dirqisiisa qondaalonni warri humnatti fayyadaman battalatti badii tahe jiruu hujii irra ka jiran toyatoota/ajajoota isaaniitti gabaasa akka galchan.

1.2.3 *Qaba Hudhaa.* MPD walii gala hudhaatiin qabuun humna ajjeesu akka qabu. MPD seera isaa isa itti fayyadama hudhaanii qabuu dhowwu ni eega yoo yeroon isaan humna galafatu itti fayyadaman hayyamame irraa kan hafe innis yoo haala du'aa fi jireenya gidduu taheedha.

1.3 *Hujii Irra Oolmaa Seera Humnaan Fayyadamuu.*

1.3.1 *Miidhaa Seera Cabsuun Fidu.* Qondaalli heera ittiin geggeeffamaa (MPD Manual) keessatti argamu, keessatti iyyuu humnaan fayyadamuu kan ilaalu heera ka asiin duratti dubbatame dabalatee, otuu hin hordofin yoo hafe adabni irratti fudhatama.

1.3.2 *Qorannaa fi Ilaalcha Keessa Deebii Galafata Humnaan Fayyadamuu.* Dhimmi humna galaafatu itti fayyadamuu MPD hundi ni qoratama, galaafanni humnaan fayyadamuun fide akka seera biyyaatti siirrii tahuu fi hin taanee isaa murteessuuf.

1.4 *Meeshota Xiqaatti Galaafata Fidan.* MPD ganda maraaf meeshota xiqaatti galaafata fidan amma ga'u akka kennu akkasumas meeshota kanatti warra dhimma ba'an hojjetoota akka leengisu ni mirkaneessa. Ammaan kanatti, MPD itti fufa ganda hundatti kennuuf yoo xinnaate heddu-dhukaaftuu 40mm (40mm multi-launchers) sadii fi Garee Giddu-galtuu Jeeqamaa (Crisis Intervention Team (CIT)) isaa TASERs wajjin. MPD itti fufa qorannaa isaa akkasumas herrega- baasa akkaata hojjetoonni seera hujii irra oolchanii fi meeshota galafata hin fidne itti fayyadaman. Yeroo barbaachisaa tahee argametti MPD ni haaressa akkasumas/yookiin ni wooyyessa warshaa isaa ka xiqaatti galafata fidan.

1.5 *Gaadi'a Namoota lola Kaasanii.* Takka takka gaadiin harkaa qofi ga'aa hin ta'uu namoota lola kaasan miidhama inni/isheen ofii fi namoota biraa irraan ga'an ittisuuf.

1.5.1 *Mala Hidhaa Cimaa.* Malli Hidhaa Cimaa (Maximal Restraint Technique (MRT)) yommuu funnyoon ittiin hidhaan fuula dura isa/ishee irraa miilla hidhamee jalqabee amma qabbattoo yks funyoo mudhiitti naanna'ee jirutti hidhamuuti. Namni hidhame konkolaata keessa qajeelee yommuu ta'u iyyuu MRT miidhaa irraan ga'uun irra hin jiru dandeettii hafuura baafannaa nama sanaa ukkaamsuutiin. Akka kanatti, namni hidhame sun konkolaataa MRT tiin geeffamuu ni danda'a. MRT ni dhiisa mala hidhaa isa cimaa nama caccabsutti dhimma ba'uu, yoo karaan itti nama hidhan ka biraa hin jiru tahe malee.

MPD akka jiraatu ni godha akkasumas qondaalota hunda meeshaa sirrii kan ittiin gaa'dian ni hidhachiisa.

1.5.2 *Hidhaa Korokkodaa.* Hidhaan korokkodaa yommuu harkii fi miilli nama hidhamee karaa duubaan walitti korokodamee hidhamuudha. Hidhaa korokkodaatti fayyadamuun tarii karaan ittiin hidhan ka biraa yoo hin jiru ta'e duwwaadha. Lafa hidhaan korokkodaa barbaachisutti ajajaan/to'ataan waamamuu qaba. Namni hidhaa korokkodaatiin hidhame tarii ambulaansa (konkolaataa dhukkubsata guuruun) fuudhamuu qaba.

1.6 *MPD Konkolaataa Tuta Poolisaa K-9 (K-9 Squad) tti Nama Fe'uun Dhorkaadha.* MPD konkolaata saglii K-9 itti nama fe'ee hin geyggeessu, namootas isa keessatti qabee hin kaa'u.

Kutaa 2. Walitti dhufeenya Polisaa fi Hawaasaa (Police-Community Relations). Akeeki araarsituu adeemaa jiru kana keessaa inni guddaa barbaachisaan tokko walitti dhufeenya MPD fi guutummaa hawaasaati. Akkuma amala walitti dhuffenya kamii iyyuu ta'e gareen lachanuu qunnama foyyessuu, wal amanuu fi ulfina walii kennuuf walii wajjin hojjechuun irraa barbaadama. Gareen lamaanuu Waliigaltee kanan hubataniiru dubboonni kanatti aananii jiran firooma MPD fi ka hawaasaa foyyessuutiif akka barbaachisan.

2.1 *Hundeeffama Hawaasa Hidhata Koree Poolisaa*. Garoonni kanaan walii galan Hawaasa Hidhata Koree Poolisaa (Police Community Relations Council (PCRC)) hundeessuutiif. PCRC miseensota soddomaan ni tolfama, isaan keessaa 18 UCMT iin fo'amu, kan hafan iddoon 12 immoo hoogganaan guutama, 11 immoo qondaalota MPD hooganaan fo'amu. Ilaaltonni tarii itti dabaluu ni danda'u, garuu Waajjira Bulchaa Magaalaa, Koree Magaalaa akkasumas Kutaa Haqa Ilma Namaa Minneapolis (Department of Civil Rights) qofaan hin daangefaman.

2.2 *Itti gaafatama PCRC.* Itti gaafatamni PCRCkana of keessaa qabaata, garuu immoo kana qofaatiin hin daangeffamu.

2.2.1 To'annaa fi qorannaa hujii irra oolmaa maanguddummaa walii galtee kanaa;

2.2.2 Yeroo yeroon guddina hujii irra oolmaa waliigaltee araarsituu kanaa gabaasa maxansuu;

2.2.3 Fedha uummataa bal'inatti ilaalchisee araarsituu waliigaltee kana hawaasa barsiisuu;

2.2.4 Faana- bu'aa Hooggana Robert Olsonii wajjin araarsituu waliigaltee kana qorachuu akkasumas Waliigalteen kun akka hujii irra ooluuf hoogana isa haaraa wajjin hojjechuu;

2.2.5 Quunamtii dhaabatatti MPD fi hawaasa gidduu adeemu, nageenya uummataa akkasumas amantii fi abdacha uummanni MPD tiif qabu ilaalchisee walga'ii qopheessuu;

2.2.6 Dhimma baajetaa kan ilaalu arrarsituu waliigaltee kana keessa jiru qorachuu;

2.2.7 PCRC tiif heera hojjetuu fi bulchu dhaabuu dabalatee, garuu kana duwwaan otuu hin daangeffamin, walii galtee miseensota wajjira PCRC, miseensota ka ittiin miijananii fi akka ba'an godhu, sirna iddoo duwwaa ittiin guutan, akkasumas ittiin deemsa (schedula) walga'ii PCRC tiif mijeessuu;

2.2.8 MPD fi hawaasaa wajjin hojjechuu badii sodaachisaa booda, himannoo balleessaa polisaa, jeeqama ummataa fi rakkina biraa ka walitti dhuffenya polisaa fi hawaasaa hubu yommuu dhalatu tarii missensa PCRC tiin haala deebiin itti kennamu uumuu;

2.2.9 Gosaa fi sanyii akkasumas ka bifa adda-addaa ilaalchisee maree dhaabatatti adeemu qindeessuu;

2.2.10 MPD fi UCMT tarii lafa isaan odeeffannoo itti dhi'eessan walga'ii hawaasaa uumuu fi geggeessuu;

2.2.11 MPD fi hawaasa gidduutti dhimma kan akka hojiitiif filuu, tilmaamaa fi sirnaa, akkasumas gargaarsa hawaasaa hundeessuu fi jabeessuu;

2.2.12 Hujii fi murtoo PCRC ilaalchisee quunamtii fi dandii oduutiif protocoola uumuu; haala cimaa; kissii balleessa polisaa; akkasumas mataa dubbii ka PCRC tiin hubatame;

2.2.13 Darbee darbee walga'ii uummataa geggeessuu, waa'ee humna badii fiduu itti fayyadamuu qondaalota polisaa ilaalchisee halli isaa akka qoratamu akkasumas gaaffii fi yaaddoo uummanni waa'ee kanaaf qabu deebii akka argatuuf; akkasumas

2.2.14 Yeroo yerootti gareen yaada tokkoon ka irratti waliigale hujii hojjechuu.

2.3 *Itti gaafatama MPD iin PCRC tiif qabu.*

2.3.1 MPD malaa murni isaa ittiin hojiif filuu fi baajeta isaa ball'inatti qopheessee, geggeessitoota hawaasaa wajjin hirmaata.

2.3.2 MPD maallaqa barbaachisu ni kenna akkeekota fi maloota kana hujii irra oolchuutiif, akkasumas ni dhaga'a yaada kennamu maallaqa akkanaa ka PCRC tiin dhi'aate baasuutiif.

2.3.3 MPD deggera bulmaataa PCRC tiif ni kenna.

2.4 *Itti Gaafatama Hawaasi PCRC tiif Qabu.* Bakka Buutonni Hawaasaa PCRC irraa:

2.4.1 Jaarmaya hawaasaa fi geggeessitoota hawaasa wajjin degeraa fi hirmaannaa sagantaa ittisa badii ka MPD argachuuf ni hojjetu.

2.4.2 Jaarmaya hawaasaa fi geggeessitoota hawaasaa wajjin miseensonni hawaasaa qorannaa dubbii adeemaa jiru akka gargaaran kakaasuuf ni hojjetu.

2.4.3 Jaarmayoonni hawaasaa fi geggeessitoonni hawaasaa MPD wajjin akka hojjetan, akka miidhama waardiyyaa qoranii ilaalan akkasumas miidhama akkasii xiqqeessuuf hidhataan tattaafii akka godhan ni kakaassa.

2.5 *Hundeeffama Koree Dhima Hawaasaa Gamteessuu (Community Relations Coordinating Team)*.

2.5.1 MPD ni dhaaba Garee Qindeessituu Hidhata Hawaasaa. Gareen kun qondaalota polisa adda addaa walitti dhuffenya MPD fi hawaasa gidduu jiru cimsuuf ka of kennaanii fi ka leengifaman of keessaa qaba.

2.5.2 Akeeki Garee CRT inni guddaan jaarmaya hawaasaa fi geggeessitootaa wajjin hojjechuu akkasumas ifa baasii adamsuu yks sosso'a yakkituu gadi qotuu qofa otuu hin ta'in, Murna keessatti walitti dhufeenya waloo bu'aa qabu gartoota maraaf dhaabuu.

2.5.3 Hujiin addaan baafame ka Garee CRT, ka PCRC wajjin waliti qabame MPD iin ni murteeffama.

2.5.4 Qindeessaan Garee CRT Hoogana MPD fuula fuulaan quunnama.

2.5.5 *Dhaabama Hojjetaa Giddu deemsa Hawaasaa.* Gareen CRC hujii addaan ba'e ajajaa hujii naquuf ni dhaaba ganda hunda keessatti ka moggaafame "Walitti-fidduu Hawaasaa" jedhamee, hojii kanas gargaarsa PCRC tiin hiika itti kenna.

Kutaa 3. Dhibee Sammuu.

3.1 *Qunnamtii Qondaalotaa fi Ummata Dhibee Sammuu yks Hir'ina Guddina Qaama Qaban Gidduu.* MPD ni hubata akkaataa itti qondaalonni namoota dhibee sammuu yks hir'ina gudina qaamaa qabanii wajjin quunnaman humna guddaa akka qabu, dubbii quunnamtii qofas otuu hin ta'in, akkasuma walitti dhufeenya MPD hawaasa guutummaa wajjin qabu irrattis. Akka kanatti, MPD waliigaltee kanaan gadii irratti walii gala.

3.1.1 *Shaakala Misha.* MPD walii gala herregaa fi haaressa sagantaa Garee Giddu galtuu Goolii tiif shaakala misha gita biyyaan tokko tahe akka kennamu.

3.1.2 *Naqa Hojjetootaa.* MPD walii gala qabaachuuf ka leenjifaman tuta qondaalota CIT yoo xinnaate Qondaala CIT tokko faraqa tokkotti ganda tokkotti mirkaneessuuf qondaalli CIT jiraachuu isaa bakka mara Magaalaa keessatti dirmachuuf.

3.1.3 *Garee CIT Adda Addaa Gochuu.* MPD collummaatiin hojiif ni fila akkasumas qondaalota dubartoota, qondaalota namoota bifa adda-addaa, qondaalota Hindii Amerkanii, akka CIT itti dabalamanii tokko ta'isa magaalaaa akka bakkaan ga'anii fi akka jabeessaniif.

3.2 *Ga'ina Sammuu Hujii Qondaalotaatiif.* MPD fi hojjetoonni isaa beeku akka dhimmi seera hujjii irra oolchuu uumamaan dirqii qabu akkasumas hujiin akkasii kun yeroo tokko tokko haala hamaa fi/yks cinqii keessattii akka hojjetamu. Kana waan ta'eef, barbaachisaadha Murni nageenya hojetoota isaatiif akkasumas ka uummataatiif jecha akka mirkaneessu hojjetoonni tajaajila Murnaa keessa jiran hundi fayyummaa sammuutii fi yaada garaatiin hujii akkasiif ga'oo ta'uu isaanii. Kun ni ta'a amala MPD qondaala dirqisiisuuf akka filaniif psychologistii tokko namoota gosa adda addaa keessaa yoo xinnaate psychologistoota beekamoo sadii keessaa fayyummaa sammuutiin hujiif ga'aa ta'uu isaanii haala kana gaditti kennameen akka qoraniif.

3.2.1 Murni tarii hojjetaa dirqisiisuu qaba akka qoramuuf haala kana gadditti ibsameen:

3.2.1.1 Amanuutiif yeroo mama quubsaan jiru hojjetaan tokko tarii yaada sammuutiin yks yaada garaatiin ga'aa hin ta'in bakka hujii itti ramadaman akka barbaachisutti inni yks isheen hin raawwatin hafuu isaaniitiif. Mami kana faakkatu yoo xinnaate to'atoota hujii lamaan yks hojjetoota waa'ee kana sirriitti beekan yks oduu amanamaan yommuu to'ataa hujiitti himamu hojjetichi amala hin taane argisiisuu isaa, tarii hojjetichi rakkina sammuu yks yaadaa qabaachuun isaa haalli jiru yommuu mul'isu; haalli kunis:

3.2.1.1.1 Hojjetaan hojii isaa/ishee akka quubsutti akka hin hojjenne yommuu dhorku; akkasumas

3.2.1.1.2 Wall'aansa ogeesaatiin yoo tahe malee fayyuu yks fooyya'uu yommuu dadhabu.

3.2.1.2 Lafa hojjetaan tokko haala sodaachisaa keessa galu innis humni midhama qaamaa yks yaada sammuu hojjetaa sanaa, haala cimaa ta'u.

3.2.1.3 Lafa hojjetaan inni/isheen yaada sammuutiin yks yaada garaatiin hojiitiif ga'aa hin ta'in beeku/dubbatu.

3.2.1.4 Lafa beekaan qorichaa ka murnichaa yks qoricha kennuuf heyyama ka qabu ka biraa yommuu herrega yaada sammuu hojjetichaa gaafachuuf hundee amansiisaa ta'e qabu.

3.2.2 *Sirna ittiin Herregan yommuu Hojjetaan Amala fayyumaa isaa mamsiisu mul'isu innis Dandeettii Hujii Hojjechuu isa/ishee yommuu hubu.*

3.2.2.1 *Ejjennoo 1.* To'ataan hojjetichaa fuula fuulatti isa haasofsiisa mirkaneessuuf rakkinni yoo jiraate akkasumas, yoo ta'ee jiraateef, haalli isaa tarkaanfii biraa yoo barbaachiseef. Yommuu haasaa qorannaatti hojetichaaf carraan ni kennamaaf akka ibsuuf maal akka ta'e amala yks haala cinqii kana kan fide. Ega hojeticha qoree booda, to'atichi:

- Ni murteessa cinqichi dhugaa akka hin ta'in, dandeettii sirriitti hujii hojjechuu irraa isa/ishee ka dhorku akka hin ta'in, yks haalli isaa beekaa qorichaa yks heyyama qoricha kennuu ka qabu ka biraa malee fayyuu ka danda'u ta'uu isaa; yks
- Ni gorsa hojjeticha haala isaa ilaalchisee akkasumas hojjeticha ni gorsa akeeki to'atichaa fooyya'ina irraa eeguutiin hujii hojjetichaa duukaa bu'ee qoru akka ta'e; yks
- Hooggana ol aanaatti dhimma isaa dabarsuu, hojjetichi ergamuuf akka herregamu hojjechuuf fayyummaa guutu qabaachuun isaa akka baramuuf.

  To'ataan hujii yaaddoon waa'ee nageenya hojetichaaf uumame hundee kan hin qabne yoo ta'ee arge irraa kan hafe, hojjeticha ni gorsa akka quunnamuuf Sagantaa Gargaarsa Hojjetaa (Employee Assistance Program (EAP)). Tarkaanfii Ejjennoo 1 keessatti dubbatames fudhachuun hin barbaachisu haala kana fakkaatuuf.

3.2.2.2 *Ejjennoo 2.* To'aataan hujii itti Aanaa Hoogganaatti haalli hojjetichaa akka qoratamuuf yommuu erguutti, to'ataan hujii dhugaa jiru ka mirkaneessu kitaabaan gabaasa ni qopheessa, hojjetichi hujii hojjechuuf ga'aa ta'uun isaa/ishee akka qoramee ilaalamuuf, itti dabales rakkinni hin beekamin ka dandeettii hujii hojjechuu isaa/ishee dhorku yoo jiraate.

3.2.2.3 *Ejjennoo 3.* Gabaasi kitaabaan to'ataa hujiitiin qoophaa'e akka ga'een itti Aanaan Hoogganaa dhimmicha ni qora. Itti Aanaan Hogganaa:

- Ni xumura yaaddoon hojjetichaaf uumame akka dhugaa hin ta'in, dandeettii hujii hojjetichuu isaa/ishees ka dhorku akka hin taane, akkasumas abbaan qorichaa yks namni qoricha kennuutiiff heyyama qabu ka bira otuu keessa hin galin ka fayyuu danda'u ta'uu isaa, yks
- To'ataan hojjetichaa adeemsa/haala hujii hojjetichaa duukaa bu'ee ilaala fooya'uu isaa caqasuuf; yks
- Hojjeticha ni erga gara beekaatti hojiitiif ga'aa ta'uu isaa akka qoruuf/ilaaluuf.

Kutaa 4. Adda Addaa Gochuu Humna Hojjetaa.

4.1 *Ibsa Akeekaa.* MPD irra deebisee mirkaneessa carraa walqixxummaatti dalaysiisaa ta'uu isaa kan of kenne hojiitti naquuf humna hojjetaa garaa garaa ramada hundumatti. Akka kanatti, MPD sanyiin gargar hin qoodu murtoo hujiitti naquu ilaalchisee nama qomoodhaan, hidda sanyiitiin, biyya keessaa dhufeen, asxaatiin, amantiitiin, yks filannoo asxaatiin yks sababii hin hayyamamne tokkoon. Tattaaffii godhamuun waa'ee lakkoobsaan xinnaachaa adeemuu himannoo uummata yaraa fi waa'ee dhabama namoota garaa garaa murna iddoo hundumaatti; MPD ni dhaaba sagantaa dhimmaan hojiif funaanuu fi oolfataa. MPD ni carraaqa tattaaffii guutuutiin akkeeka isaa iddoon ga'uutiif hujiif funaanuuf, qacaruuf akkasumas warra jiran guddisuutiif, gurrachota, Afrikaanota Amerkanii, Hindii Amerkanii, dubartoota, akkasumas namoota hir'ina qaamaa qaban. Ammallee, gartoonni ni tattaafatu akka ta'uuf MPD murna poolisaa kan:

- Addaddummaa sabaa kabajuu;
- Carraa wal qixxummaatiin qacaruu fi guddina namoota hundumaa, gita jaarmaya hundumaatti uumu;
- Naannoo hojjetoota hundumatti lafa simatamuu fi kabajamuun itti dhaga'amu uumu;
- Guutuutti hawaasaa wajjin hojjechuu danda'u akkasumas dorgomtoota polisa qaramoo naquu, caalatti iyyuu dorgomtoota eenyummaan isaanii yeroo ammaa kanatti Murna keessatti irraanfatame; akkasumas
- Akka qorannaa waggaa Murna Seera Qjeeljeelaa fi FBI iin herregamutti, jarmaya polisaa keessatti namoota bifa adda addaa qabaachutti biyya keessatti warra shanan dura jiran keessaa tokko ta'ee argamu.

4.2 *Dhaaba Mala ittiin Funaananii.*

4.2.1 *Ibsa Dhimmaa.* MPD ni guddisa akkasumas ni tolcha mala madaafuu (hujiif filuu) namoota adda addaa foyyessuuf ka: hojjetootaa gita hundaatti; gurmeessa dorgomtoota gita hundaaf; akkasumas hojjetoota hujii ka akeekame dandii hujii gita kakaatti geessu, Murna keessatti ka tolfame yks ka ramadame. Mala kana guddisuuf, MPD ni qora akkasumas dhi'eenyaatti abbaa barcumaa, Doug Beltenii fi miseensota Garee Madaafama Saba adda addaaf yaallii godhame fudhachuuf ni caqasa. MPD maloota fakkeenya ta'uu danda'an kana walitti dabala.

4.2.2 *Qindeessaa Madaafaa.* MPD ofiif ni ramada qondaala guddaa akka Qindeessaa Madaafaatti ka itti gaafatamu iddoon ga'uuf mala madaafaa ka beekame ka murnichaa akkasumas PCRC wajjin qindeeffamuuf.

4.2.3 *Hidhata Hawaasaa.* Akka guma mala madaafaa beekamaatti, MPD fi PCRC jarmaya hawaasaa irratti ka hundeeffame hidhata ni dhaaba. Jarmayoonni kun ni dabalatu garuu hin dhaabatan kana qofa irratti:

- Barbara Schneider Foundation
- American Indian Movement, Peacemaker Center
- A.W.M.I.N.
- Southeast Asian Community Council
- Chicanos Latinos Unidos en Servicios (C.L.U.E.S.)
- The City, Inc.
- Minneapolis American Indian Center, Metropolitan Urban
- Indian Directors
- Minneapolis Urban League
- Minnesota State Baptist Convention, Inc.
- OutFront Minnesota
- Somali American Friendship Association
- Upper Midwest American Indian Center
- Urban Coalition
- University of Minnesota Student Legal Services

4.2.4 *Gargaarsa PCRC*. Mala madaafaa isaa ittiin guddisuuf, MPD ni mari'ata Hawaasa Hidhata Kora Poolisaa (Police-Community Relations Council (PCRC)) wajjin madaafuun akka gaariitti akka hin adeemne ka dhorku gufuu jiru baruuf; jarmaya hawaasa irratti hundeeffaman ka jaalala isaaniin MPD wajjin hidhatatti galuu barbaadan gargaaruuf madaafuu miseensota hawaasota kana keessaa.

4.2.5 *Koree Madaafa Aadaa Garaa-garaa.* MPD ni dhaaba Koree Madaafa aadaa garaa garaa dhimma kanaaf:

- MPD burqaa dandeettii jiru baruuf dubartoota, namoota bifa addaaddaa, Afriikaanota Amerikaa, Hindii Ameriikaa fi tokkoo tokkoo GLBT keessaa madafuu danda'u;
- Qacaruu fi guddisuu dubartootaa, namoota bifa addaaddaa, Hindii Amerikaa fi tokkoo tokkoo GLBT ka dhorku Gufuu jiru baruu;
- Yaada dhi'eessuu/uumuu gufoota baraman kana cabsuuf;
- MPD bakka bu'anii yaallii madaafa Murnichi godhuuf hidhata ta'uu ka barbaadan jarmayoota hawaasaa wajjin. firooma hundeessuu irratti hojjechuu;
- Hirmaannaa dubartootaa, namoota bifa addaaddaa fi Hindii Amerikaa sagantaa madaafaa kessatti to'achuu fi waan bira ga'ame gabaasuu.
- Hujii madaafaa kana fakkaatu tarii yeroodhaa gara yerootti ramaduu.
- PCRC haala dhaabataan ni bara koree madaafaa ka aadaa garaa garaatiif jarmayota hawasaa irratti hundeeffaman ka MPD itti hidhata ta'uu barbaadan missensota hawaasota kanaa madaafuuf akkasumas ni hojjeta koree madaafa aadaa garaa-garaa wajjin hundeessuu fi hidhata akkasii kana eeguuf.

Korichi ni geggeeffama Qindeessituu Madaafaatiin. Koreen Madaafa Adaa Garaa-garaa ni qopheessa gabaasa dhuma waggaa jalqabaatti tattaaffii isaa ibsee akkasumas ni kenna PCRC tti fakkii/garagalchii gabaasa isaa. Gabaasi kun ni dabalata walittiqaboo Korichaa, geggeessa Korichaa, akeekaa fi tilmaama Korichaa, Korichaaf ka barbaachisu horii callaa fi warraaqa korichaa yeroo gabaasaa keessa.

4.2.6 *Gurmuu Alaammataa.* MPD waggaatti, dhuma waggaa jalqabaatti, koree alaammataa walitti qaba yaada argachuuf miseensota hawaasaa irraa, qondaalota bifa adda addaa irraa, Hindii Ameriikaa irraa, Afrikanota Amerikaa irraa, dubartoota irraa, tokkoo tokkoo GLBT irraa akkasumas mala madafaa secca'uu gargaaruuf dorgommoota warra dhiheenyatti qacaraman irraa.

4.2.7 *Mala Irra Deebi'anii Qorachuu PCRC.* MPD waggatti irra deebi'ee qoree ilaala, dhuma waggaa jalqabaatti, mala madaafa isaa PCRC wajjin gar tokkotti deebisuutiif akkasumas mala hujii isaa foyyessuun barbaachisaa yks sirrii ta'uu isaa murteessuutiif.

4.3 *Walitti Qaba Qondaalota Garaa-garaa Qacaraaf Murteessuuf.*

4.3.1 Bakka Bu'aan Hawaasa PCRC ni mul'isa hawaasa irratti kan hundeeffaman jarmayoota ka fedhan hidhata Murnichaa ta'uu madaafuuf miseensota hawaasota akkasii keessaa akkasumas ni hojjeta Koree Madaafa adaa garaa garaa wajjin hundeessuu fi hidhata akkasii kana eeguutiif.

4.3.2 Bakka Bu'aan Hawaasa PCRC hundee dhaabataan wajjin ni hojjeta ni jabeessas jaarmaayonni hawaasaa carraaqa madaafa MPD ka gargaaru ayyaana akka geggeessaniif.

4.3.3 Bakka Bu'aan Hawaasa PCRC Koree Madaafa Aadaa garaa- garaa tti ni beeksisa waa'ee ayyaana hawaasaan geggeeffamanii ka Murnichaaf bu'aa qaban dhimma madaafaatiif jecha akka hirmataniif.

4.3.4 Degera tattaaffii madaafa isaatiif jecha, MPD ni jabeessa qondaalota hundumaa akka ayyaana hawaasaan geggeeffaman hirmaataniif, akkasumas dhimma hujiitti naquu yaadachaa, qondaalota hujii irra jiran akka isaan ayyaanota kana hirmaatan heyyama kennaaf.

4.3.5 *Qora Yaada sammu.*

4.3.5.1 *Herrega Hujii.* MPD safartuu ni uummata herreguuf hujii beektota MPD itti fayyadamu qora yaada sammuu dorgommootaa ittiin herreguuf. Herregi hujii kun yoo xinnaate waggaa lama lamatti godhama.

4.3.5.2 *Keessa Deebii Tarkaanfii Qorannaa.* MPD fi PCRC irra dedeebi'anii ilaalanii ni herregu sissiqa qorannaa yaada sammuu (Psychology). Herregi akkasii kun of keessaa qaba yaada galmee beektotaa bal'isuu ummuutiin gurmuu sykologistota sadi'ii ka wajjin walii galuu fi dalaga irra ooluu akkasumas akeekama seeraa ka dorgomtootaaf carraa lammataa kennu qormaati duraa yommuu gaarii hin ta'in hafu.

4.3.6 *Keessa Deebii Tarkaanfii Qacaraa.* MPD walitti qabaa tarkaanfii qacara isaa keessa deebi'ee qoree waan bira ga'e gabaasa dhi'eessa. Qorannaan kun garaa garummaan aadaa dorgomtuun tokko akka gaaritti bakka yaade ga'uutiif karaa argachuu akka dhorkuu danda'u mul'isa. Hujii Dataa Mootummaa Minnesoota jalatti ammi heyyamame, gabaasi kun PCRC wajjin ni hirmaatama.

4.4 *Iddoo Ramadaman Baballi'suu.*

4.4.1 *Guddinaaf Daandii Hujii Baruu.* MPD ni qopheessa akkasumas ni kenna waantatta (material) sagantaa shaakalaa ibsuu fi fiixaan ba'a hojii hojjaetoota guddinaaf qopheessuuf ka barbaachisan. MPD madda dorgommootaa baruutiin warra himmannoo dhi'eeffatan hundumaa yaadatti ni qabata hawaasota hundumaa ka Afrikaanota Amerikaa, Dubartoota, Hindoota Amerikaa, akksumas hawaasa GLBT to'ataa, geggeessuu fi heera qopheessuu ka fakkaatan hundaaf dabalees abbaa sylii, ajajaa shantamaa, ajajaa ERU, to'ataa K-9, ajajaa dhibbaa, abbaa duulaa, to'ataa, itti aanaa ol aanaa, akkasumas bakka guddisa ka biraa. Beeksisi kana fakkaatu akka kanatti adeema waantatti hujii hojjetoota MPD iif salphaatti akka jiraatuuf. MPD fakkii waantatta hujii hundumaa PCRC tiif ni kenna.

4.4.2 *Akkeka Bakka-buusa Hundumaa Hammatu.* MPD ni guddisa jiruu irra oolchas heera sagantaa akeeka bakka-buusa bakka hujii kana olitti argaman hundaaf. MPD ni to'ata sagantaa keessatti hirmannaa qondaalota dubartii, qondaalota bifa adda addaa, qondaalota Hindii Amerikaa akkasumas gabaasa ni maxxansa ka tooraan mul'isu ormaqu'ii (demography) namoota sagantaa hirmaatanii.

4.4.3 *Gabaasuu.* MPD ni amana waantatta kutaa 4.4.1 keessatti maqaa dhawaman dhi'eessuu duwwaan ga'aa akka hin taane hojjechiisota qomoo adda addaa, bulchiisaa fi tolcha heeraa jabeessuuf. Kanaaf MPD hirmannaa hojjetoota isaa duukaa bu'a leenjisaa fi bu'aa hujjii qoomoodhaan, dhiira-dubartiidhaan akkasumas namoota gita hundaa. Oggaa kuusaan oduu mul'isu xinneenya hirmaannaa qondaalota dubartootaa, qondaalota namoota bifa adda addaa fi qondaalota Hindii Amerikaa, MPD madaafuu fi humna kennuufiitiin gita kana irra hojjetoota jiran akka isaan hirmatan godha. MPD maxxansee hira PCRC tiif gabaasa waggaa gabaabaatti duuka bu'ina Murni isaa godhu ilaalchisee hirmannaa qondaalota dubartootaa, qondaalota namoota bifa adda addaa, qondaalota Afriikaa Amerikanii fi qondaalota Hindii Amerikaa.

4.4.4 *Sagantaa Qajeelchaa (Mentor).* Murni Polisa Minneapolis qopheessee hujii irra oolcha sagantaa qajeelchaa namoota gita hundumaaf. MPD duukaa bu'ee qorata hirmaannaa sagantaa qondaalota dubartii, qondaalota namoota bifa adda addaa, qondaalota Hindii Amerikaa. MPD gabaasa maxxansa, ka adda adda baasee argisiisu baayy'ina hirmaatota sagantaa kanaa dhiira-dubartii fi qomoo adda addaa keessaa.

4.4.5 *Dalaga Geggeessaa.* MPD ni fudhata gorsa sirna ittiin geggeeffamaa Magaalaa Minneapolis qora hujii ilaalchisee baruuf jabeessuuf guddina dorgommootaa akkasumas gorsa hujii kennuuf hojjetoota fedha guddachuu jarmaya kana kessatti argisiisan.

4.4.6 *Sagantaa Bulchiisa Guddina Magaalaa.* MPD ni heyyama ni jajjabeessas hirmannaa Sagantaa Guddina Bulchiisa Magaalaa Minniapolis. MPD duukaa bu'ee ilaala dubartoota, namoota bifa adda addaa, Afriikanota Amerikaa, Hindoota Amerikaa hirmannaa isaan sagantaa kana keessatti qaban akkasumas gabaasa dhi'eessa waan hubatame.

4.4.7 *Sagantaa Qarshii Barumsaa Iddoo Buusuu.* MPD ni dhaaba sagantaa iddoo buusuu qarshii barumsaa qondaalota fedhii qaban hundumaa gargaaruuf akka isaan barumsa isaanii sadrkaa guddaatti itti fufaniif. MPD duukaa bu'e ilaala hirmannaa qondaalota dubartii, qondaalota namoota bifa adda addaa, qondaalota Afriikanota Ameriikaa fi qondaalota Hindoota Ameriikaa ka sagantaa qarshii iddoo buusuu keessatti galmeeffaman. Yoo Magaalaatiin dandeettiin horii murteeffame, MPD Qondaalota Tokkummaa Poolisa Minneapolisii wajjin wal argee mari'ata akkaataa sagantaan kun ittiin addemu.

4.5 *Foyyessuu Naannoo Hujjii*. MPD ni barbaada naannawi bakka hujii lafa hojjtootatti tolu akkasumas lafa isaan carraa guddinaa itti argatan akka ta'uu.

4.5.1 MPD, gorsaa fi maree PCRC tiin, qiyyaasa qopheessee ittin qora hojjetoonni naannoo hujii MPD akkamitti akka ilaalan akkasumas kessatti iyyuu hojjetoonni hundumtuu carraa guddinaa wal qixxeetti Murnicha keessaa argachuu isaanii. Isa booda MPD yeroo yerootti qiyyaasa kana fakkaatu ni geggeessa. Datan (dubbiin) qiyyaasa walitti qabamee kun gabaabaatti qophaa'ee erga maxxanfameen booda PCRC wajjin ilaalama. Qiyyaasichi eenyummaan qondaalotaa akka hin baramnetti qophaa'a yoo isaan barbaadan, hamma danda'ametti garuu qondaalonni qomoo fi dhiira yks dubartii ta'uu isaanii akka muli'san ni gaafatamu.

4.5.2 MPD Koree Maadafa Aadaa Garaa Garaa fi PCRC wajjini ni hojjta qiyyaasa keessaa waan argame deebi'ee ilaalee yaada dhi'aate ni ball'isa yoo rakkinni jiraate haasawuuf.

4.5.3 PCRC ni gargaara MPD qiyyaasa naannoo hujii adeemsisuuf qarshii barbaachisu arguutiif akkasumas gorsa isa irraa argame hujjii irra oolchuutiif.

4.6 *Qacaruutiif Yaada Haaraa Baasuu.* Garoonni ni beeksisu humni hojjeta garaa garaa akka jiraachuu hin dandeenye yoo MPD qacara yks sissiqsuu dhaabe, akkasumas yoo carraaqni namoota garaa garaa qacaruu hafee hujii irraa ittisuun godhame. Kanaaf, MPD ni uuma baajetaa fi mala ittiin qacaraa fi sissiqsaa (guddisaa).

Kutaa 5. Addaa Quba-qabaachuu fi Kulkulfachuu. Garaa garummaa hawaasaa fi MPD keessa jiru hubachuu fi beeksisuuf, MPD ni hojjeta Hawaasa Hidhata Kora Poolisaa (Police Community Relations Council) wajjinii fi geggeessitoota hawaasa ka biraa wajjin, akkasumas walitti qaba mareetiif qunnama hawaasaa fi beektotaa.

5.1 *Afaanota.* MPD ni hubata uummanni inn tajaajiluu fi eegu aadaa, qomoo, sanyii fi dhalaa, dhiira garaagaraa keessaa kan dhufan ta'uu isaanii. Garaagarummaan afaanii sirriitti wal hubachuutiif gufuu ta'uu waan danda'uuf, kun ni argisiisa adda addummaa aadaa MPD irratti walii galu akka:

5.1.1 Waggaa waggaatti afaan Magaalaa keessatti baayy'inaan dubbatamu herregee gabaasu.

5.1.2 Kitaaba qopheessu hundumaa maxxansee uummataaf gadi dhiisu afaan kana gaditti argamaniin, garuu immoo kana duwwaan otuu hin hafin:

- Engliffa
- Spanishii
- Hmongii
- Sumaalee

5.1.3 Affan Kutaa 5.1.2 kessatti tuqaman amma iyyuu baayy'inaan Magaalaa keessatti kan dubbataman yeroo yerootti duukaa bu'ee qorachuutiin akka barbaachisaa ta'ee argametti fooyyesa.

5.1.4 Qondaalota lenjisuu afaanni Magaalaa keessatti yeroo baayy'ee dubbatamu isa kam akka ta'e akka bira ga'aniif, afaan sunis qunnamaaf dhimma akka baasuu akka hubataniif.

5.1.5 Qondaalonni akka Engliffa biratti afaan ka biraa baran kakaasuu fi qondaalota fedhii isaa qabaniif meeshaa ittiin baran qopheessuu.

5.1.6 MPD abdii gala kennaa horii nama kakaasu qopheessee qondaalota afaan Engliffa hin ta'in ka biraa akka gaariitti baraniif kennuuf, akkaata sagantaan kun ittiin adeemu Hidhata biyyaa (Federation) wajjin erga haasawee waliif galee booda.

5.1.7 MPD gabaasa isaa ka waggaa kessatti ni dhi'eessa hujjettoonni isaa afaan Engliffa kan hin ta'in ka biraa barachuu isaanii, itti dabales ni kakaasa afaan ka biraas itti dabalanii akka barataniif.

5.2 *Leenjisa*

5.2.1 MPD qondaalotaa fi miseensota hawaasaa ka aadaa fi sanyii adda addaa keessaa dhufanitti ni fayyadama akka lenjisaaf gargaaraniif akkaataa itti namoota aadaa biraa, qomoo, sanyii, yks fedha foonii adda addaa qaban keessaa dhufan.

5.2.2 Bakka Buutonni Hawaasa PCRC wajjin ni hojjetu ni kakaasus jarmaya hawaasaa duukaa bu'anii qoruuf qondaalota MPD aadaa tokko hubachuutiif ka gargaaru ayyaana akka geggeessaniif.

5.2.3 Bakka Buutonni Hawaasa PCRC ni beeksisu MPD tti jireenya ayyaana aadaa hawaasaa qondaalotaaf ka waa'ee baasu aadaa tokko hubachuutiif akka irratti argamaniif.

5.2.4 MPD ni kakaasa qondaalota hundumaa akka hirmaataniif ayyaana aadaa hawaasaa, ga'insa hojetoota hujii irra jiraniin murteesse, qondaalonni akka ayyaana kana hirmatan ni hayyama.

Kutaa 6. Tilmaama Sanyummaan Dabe. Tilmaami sanyummaan dabe adaba seeraa sanyii irratti hundeessanii murteessuudha. "Dana Sanyii" (racial profiling) jedhamuutiin yeroo baayy'ee ka beekamu tilmaami sanyummaan dabe yakka qofa otuu hin ta'in, seeraan dhowwamaadha. MPD tilmaama dabaa hin deggeru, hin obsus. Qondaalonni MPD tilmaama dabaa yoo hojjetan yaaddoo hawaasaa ilaalchisee MPD yaada kanaan gadii irratti walii gala.

6.1 *Caalmaatti Qorachuuf fi Hubbachuu.* MPD itti fufa hojeechuu Koree waa'ee Seera Cabsuu fi Qajeelchuu wajjin cora oduu (data) ka biraa funaanuu fi hubachuuf waa'ee trafika irratti dhaabuu fi sakkatta'uu Minneapolis keessaa. Dataan akkamii akka funaanamuun irra jiru, yeroo akkamii akka funaanamu, akkaataa itti fayadama data kanaa fi haala akkamiin akka gabaafamu Koree waa'ee Seera Cabsuu fi Qajeelchuutiin amma illee hin murteeffamne. Haa ta'u iyyuu malee MPD data walitti qabee PCRC fi bakka buutota ka biraa wajjin irratti walii galee murteessa. Karaa mala (systema) haaraa 800 MHz dataan eenyummaa namaa fi bakka isaa mul'isu qoophaa'aadha. Murtii barbaachisaan kun yommuu godhamu, fedhii hawaasaa fi qondaalota polisaa eeguutiif, MPD Bakka buutota Hawaasa PCRC fi koree hojetoota Tokkummaa MPD ka Koree waa'ee Seera Cabsuu fi Qajeelchuu wajjin hojjetan itti dabala.

6.2 *Gabaasuu.* MPD dukaa bu'a haala gabaasuu ka waliin hundeessan Koree waa'ee Seera Cabsuu fi Qajeelchuu wajjin.

6.3 *Hira Hophee Hujii.* MPD qondaalota isaatiif ni kenna hophee (kaardii) hujii ka inni/isheen namaaf kennaan yoommuu gaafataman.

6.4 *Leenjisa.* MPD qondaalota isaatiif ni kenna leenjisa Kutaa 9 keessatti dubbatame.

Kutaa 7. Itti Gaafatama Qondaalota Polisaa- Sirna Iyyataa fi Adabaa.

*7.*1 *Itti Gaafatama.* Amalli qondaalota polisaa Qajeelfamaa fi seera hujii irra oolchaa biyyaa fi seera tokkummaa MPD iin bulfama. Qondaalli seera amala qajeelfamaa fi seera kana keessa jiruun yoo buluudhaa baate yks yoo cabse ni adabama.

7.2 *Akkaataa Iyyataa*. Ummanni murna polisaa irratti amantii akka qabaatuuf, murnichi haala itti komee fi balleessaan qondaala polisaa irratti dhi'aatu karaa ta'uu fi quubsuun gurmeessee kenna. Murnichi akkasumas dhimma iyyataa yeroodhaan kennuu qaba haala iyyata isaa/ishee ilaalchisee.

7.2.1 MPD ni qopheessa, jiruu irra oolchas katabbii (foormii) tokkicha "Katabbii Gabaasa Haala Amala Polisa Minneapolis" (Minneapolis Police Conduct Incident Report Form) ka jedhamu ka qorannaa duubbii ittiin jalqaban.

7.2.2 MPD Katabbii Gabaasa Haala Amala Polisa Minneapolis qopheesee maxxansa afaan kana gaditti argamaniin, garuu immoo kana duwwaan otuu hin hafin:

- Engliffa
- Spanishii
- Hmoongii
- Sumaalee

7.2.3 Iyyataan katabbichi (formichi) gara Ajajaa Dhimma Murna Keessaa (Internal Affairs Unit (IAU)) tti qorannaadhaaf akka kennamuuf gaafachuu ni danda'a. Erga qoratamee booda iyyatichi qorannaa gadi fagoo ka barbaachisu yoo ta'e gara Dhimma Murna Keessaa tti yks gara ajajaa ganda qondaalichaatti ergama. Yoo qorannaa sanaan akka balleessaan hin godhamin barame, iyyatichatti ni beeksifama.

MPD walii gala akka qoheessu Katabbii Gabaasa Haala Amala Polisa Minneapolisii fi kitaaba (Minneapolis Police Conduct Incident Report Form and materials) iyyatichaa ibsuu ganda MPD

hundaatti, Dhimma Murna Keessaa (IAU) tti akkasumas jarmayaa hawaasotaa tti ni ergama, warra kana gadii dabalatee, garuu immoo isaan qofaa irratti otuu hin dhaabatin:

- Barbara Schneider Foundation
- American Indian Movement, Peacemaker Center
- A.W.M.I.N.
- Minneapolis American Indian Center, Metropolitan Urban Indian Directors
- Southeast Asian Community Council
- Chicanos Latinos Unidos en Servicios *(C.L.U.E.S.)*
- The City, Inc.
- Minneapolis Urban League
- Minnesota State Baptist Convention, Inc.
- OutFront Minnesota
- Somali American Friendship Association
- Upper Midwest American Indian Center
- Urban Coalition
- University of Minnesota Student Legal Services

7.2.4 MPD walii gala yeroo yerootti hojetootaaf leenjisa akka kennu dhaaba keessatti katabbii ilaalcha dhimma iyyataa ilaalchisee akksumas haala attamiin Gabaasi Baddee akka guutamee dhi'eeffamu.

7.2.5 MPD to'attoota hujii isaa ni leenjisa gabaasi balleessaa polisaa yommuu dhufu attamitti akka deebii sirrii kennan.

7.26 MPD keessa deebi'ee ilaalee qajeelcha Heerraa fi Sirna Qorannaa akkasumas Katabbii Dabarsaa (Policy and Procedure Inquiry and Referral Form (PPI)) isaa, jecha kana gadi jiru keessaa baasuutiif: "Iyyanni sodaachisuu, (complaints that are based solely on harrassment) haala amala gadhee fi addaggee (attitude and rudeness) argisiisuu irratti hundeeffame hin fudhatamu, amalli himame heeraa fi sirna MPD ka cabsu tokko yoo ta'e irraa kan hafe."

7.2.7 Dhimmi Biyya Keessaa (The Internal Afairs) ni qopheessa gabaasa waggaa qorata hujii murnichaa illachisee.

7.3 *Sirna Adabbii.* Heerri Amerikaa fi seerri Minnesotaa ni mul'isa hojjetoonni uummataa sirna sirrii ta'een malee akka adabamuu hin dandeenye. Sirna sirrii jechuun adabni hin giddisiifamu "sababii quubsu" malee, hojjetaanis mirga iyyannoo qaba adabni isaa abba mutiitti yks bakka bu'aa nama nagaatiif dubbatuun (civil service commission) akka ilaalamuuf.

7.3.1 *Miindaa Wajjin Hujii Irraa Ittifamuu (Paid Leave of Absence).* Qacaraan sabaa yommuu murteessu kissiin hojetaa tokko irratti dhi'ate baayy'ee yaachisa ta'ee amma dubbiin isaa gar tokkotti deebi'utti hojjetaan sun hujii irraa furamuun yommuu irra jiraatu, hojjetichi ittifama miindaa wajjinii (paid leave of absence) jala gala sababii seerri dirqisiisuuf hojjetichi akka sirna sirrii malee hin adabamne.

7.3.2 *Adaba Karaa Biraa.* Akka Heera Tajaajila Ummata Minneapolis fi Kitaaba Adabbii MPD (Minneapolis Civil Service Rules and the MPD Discipline Manual) tti, adabbiin karaa biraa barsiisuu, afaaniin qeeqqachiisuu, kitaabaan qeeqachiisuu, hujii dhaabsisuu, bakka biraatti dabarsuu fi hujiidhaa baasuudha. Kitaboonni lamaanuu ni dubbatu adabi qajeelchuuf malee ka yakka irratti muru ta'uun akka irra hin jirre.

7.3.3 *Gabaasa Tarkaanfii Adabbii.* Akka Dataa Ittiin Geggeeffama hujii Mootummaa Minnesotaatti (Minnesota Government Data Practices Act) MPD gabaasa waggaa ni dhi'eessa kuusaa oduu (data) gabaabinatti ilaalchisee waa'ee comatama qondaalotaa fi haala isaa, adaba comee kanaaf godhame dabalatee.

Kuta 8. Ijoollee Mana keessaa Fuudhuu/Bakka biraa Kaa'uu

8.1 MPD ni hubata mucaan tokko mana isaatii yommuu fuudhamu, mucicha duwwaa otuu hin ta'in maatii isaa fi hawaasa akka miidhu. Kanaaf MPD walii gala tarkaanfii kanaan gaditti argaman fudhachuutiif, haala mucaan ittiin manaa baafamuu xiqqeessuuf tarkaanfiin akkasii kunis yommuu fudhatamu nageenya mucaa eeguutiif.

8.1.1 MPD ni hirmaata walga'ii darbee darbee addaanjirroo (entities) kana gaditti argamanii wajjin haala ijoollee manaa baasanii bakkee kaa'uu (out of home placement) fi haala ittiin mana isaaniitii fuudhan.

- Juvenile Detention (Mana hidhaa Dargaggootaa)
- SOS (Damee Gargaarsa Ummataa)
- Truancy (Ijjoollee Mana barumsaa Irraa Haftu)
- St. Joseph's
- Child Welfare (Nageenya Mucaa)
- Hennepin County

8.1.2 MPD walii gala PCRC wajjin irra deddeebi'ee qorachuuf;

- Haala mucaan itti manaa fuudhame tarii sababii sanyiitiif.

- Heeraa fi sirna amma jiru jijjiiruu yks karaa itti fooyyessan uumuu.
- Manaa yommuu fuudhan namoota dandeettii fi amanamummaatiin tajaajilla akkasii kennan karaa biraa barbaaduu.

8.1.3 MPD walii gala qondaalonnii murnoota tajaajila ummataaf kennanii wajjin hojjechuutiif mucaa tokko mana isaa/ishee keessaa baasuun barbaachisaa ta'uuf hin taanee isaa murteessuuf. Beeksisi kun afaan maatiin mucaa beekaniin itti himama.

Kutaa 9. Leenjisa. Garewwan ni hubatu qondaalota MPD lenjisuun hundumaa akka caalu haala haasaa/dubbii qondaalotaa fi hawaasaa gidduu jabeessuuf. Walitti dhufeenya garewwan kana gidduu jiru caalaatti cimsuuf, MPD walii gala qondaalota isaa leenjisuuf akka walii galtee kanaatti jiruu irra oolchuutiif yks sagantaa leenjisaa kanan gadi jiran itti fufuuf.

9.1 *Fayyadama Humnaa (Use of Force).* MPD walii gala leenjisa waggaatti qondaalota isaa hundumaaf kennuf waa'ee fayyadama humnaa sirrii fi fayyadama humnaa du'a fiduu ilaalchisee. Leenjisi kun bu'uura dubbii kanaan gadi jiran dabalata, garuu immoo kana qofa miti:

9.1.1 Haala fayyadamni humna du'a fiduu seeraa fi heera MPD jalatti heyyamamu.

9.1.2 Itti fayyadamuu "Qabsoo jecha Qarqabaa" (Verbal Judo), mala itti jabeessaa adeemuu fi mala falmachuu ka fakkaatan.

9.1.3 Itti fayyadamuu sirrii Moggaa Mormaa Hudhuu (Lateral Vascular Neck Restraint (LVNR)) fi garaagarummaa guddaa hudhanii tursuu gidduu jiru. *Kutaa 1.2.3. ilaali.*

9.2 *Fayyummaa Sammuu*

9.2.1 Hojjetoota CIT. MPD walii gala sagantaa leenjisaa sa'aa 40 Garee Giddu-galtuu Jeeqamaa (Crisis Intervention Team) isaa tiif kennuutiif akkasumas leenjisa haaressaa yoo xinnaate waggaatti si'a lama kennuutiif. Mata dureen leenjisa CIT kana of keessaa qaba:

9.2.1.1 Namini tokko dhibdee sammuun yks hir'ina qaamaa qabaachuu isaa baruu.

9.2.1.2 Fayyadama meeshaa du'a fiduu malu, qabsoo jecha qarqabaa, mala itti jabeessaa adeemuu fi mala falmachuu ka fakkaatan.

9.2.1.3 MPD ogeessota biyya keessatti beekaman akkasumas ka ganda asii jiran itti dabala leenjisa kana fakkaatan kennuutiif akka gargaaraniif.

9.2.2 Oggaa leenjisa tajaajila-manaa, MPD qondaalota maraaf qajeelfama/tumsa ni kenna fayyummaa sammuu fi dhibdee sammuu ilaalchisee akkasumas qondaalota hundumaa ni leenjisa fayyummaa sammuu akkamitti akka qaban.

9.3 *Leenjisa Aadaa fi Afaanii.* MPD walii gala qondaalota isaa leenjisuuf waa'ee sanyii, garaa garummaa fi aadaa ummata Magaalaa Minneapolis keessa jiran ilaalchisee.

9.3.1 Birraa 2004 fi Arfaasaa 2005 jalqabee leenjisa kennu keessatti MPD leenjisa dirqamaa qondaalota isaa maraaf ni kenna akkaataa itti gosaan wal caalchisuu, sanyiitiin hundumatti balleessaa muruu, sanyii/qomoodhaan jibbuu fi akka malee olaantummaa qabaachuu adii kan ilaalu.

9.3.2 Geengoo Leenjisa tajaajilaa (in-service training cycles) kennamu keessattii fi isa boodas itti fufee, MPD walii gala itti dabaluuf mataa dubbii aadaa kan akka wal caalchisuu, sanyiitiin hundumatti balleessaa muruu, sanyii/qomoodhaan jibbuu fi akka malee olaantummaa argachuu adootaa qajeelfama/barsiisa geengoo leenjisa waggaa murnichaan geeggeeffamutti.

9.3.3 MPD walii gala qondaalota issaatiif barumsa affan kan akka: Spanishii, Hmongii, Sumaalee fi Afaan Milikkitaa Ameriikaa (American Sign Language (ASL)) kennuutiif.

9.4 *Heera Looguu*

9.4.1 MPD qondaalota hundumaa irraa barbaada akka isaan hirmaataniif leenjisa amala hin taane ka heera walcaalchisuu gara fuula duraatti tarkaanfachiisu ilaalchisee.

9.4.2 MPD qondaalota isaa hundumaa irraa ni barbaada akka isaan hirmaataniif leenjisa mirga namaa eeguu, wal caalchisuu fi garaagarummaa balleessuuf. MPD walii galtee godha bakka buutota yks jarmayootaa wajjin leenjisa addaan ba'e ka kennan mirga namaa eeguu, wal caalchisuu fi garaa garummaa illalchisee.

9.4.3 MPD sagantaa leenjisaa ni kenna baayy'inaan hirmaattonni hojjetoota MPD qofa ka ta'uun irra hin jirre.

9.4.4 Leenjissi dirqamaa hundumtuu ka yeroo ammaa kana kakaa jala jiranii fi hojjetoota ummataa MPD tiin guyyaa Waligaltee kanaa jalqabee waggaa shan keessatti ni xumurama.

9.4.5 MPD itti dabala leenjisa Kutaa 9.4.1 fi 9.4.2 keeessatti duubataman leenjisa hojjetoota haaraaf kennamutti, leenjisi akkasii kunis yeroo yaalaa (probation) darbuutiif raawwatamuun dirqii akka ta'u godha.

Kutaa 10. Meeshaa

10.1 *Cell Fonii*. MPD ni beeksisa cell foniin barbaachisaa ta'uu isaa qondaalota jiruu irratti ramadamanii jiraniif karaa adda addaa tajajila foyyessuutiif dabalees akka qabaatan tajaajila hiikama afaanii, mariannaa bakka buutota tajaajila uummataa wajjin mucaa manaa fuudhuu ilaalchisee, akkasumas quunamtii fulla fuulaa tajaajila deggertoota garaa garaa wajjin. Akka Kutaan 12, kana gadii mirkaneessutti MPD akeeka qopheessee kenna qondaalonni hujii irra jiran hundumtuu akka cell fonii qabaatan.

10.2 Hujii bakkaan ga'uu fi qophumma hojjechiisota isaa foyyessuuf, MPD hujii isaa keessa deebi'ee qorannaa godha qondaalonni isaa meeshaa hujii ittiin hojjetan akka ga'utti qabaachuu isaanii kan akka kitaabaa/formii, ka ittiin hidhan, techinooloja itti fayyadaman.

Kutaa 11. Horii/Baajeta. MPD, PCRC tiin mariatee waliigaltee kana hujii irra oolchuutiif horii hammam akka barbaachisu qorannaa qopheessee Koree Magaalaa maallaqa gaafata, yks kennaa horii ittiin waliigaltee kana iddoon ga'u baka adda addaatii fudhata.

Kutaa 12. Guyyaa Iddoon Ga'amu. Walii galteen kun garee yks qaama bulchiisaa hundumaan akkuma fudhatameen hojii irra oola.

Kutaa 13. Dhuma Yeroo isaa. Waliigalteen kun yeroon isaa ni dhumata ayyaana jalqabama waggaa shantammaffaa isaatti.

Kutaa 14. Dalaga, To'annaa fi Iddoon Ga'amuuWaliigaltee.

14.1 *PCRC.* Hujii PCRC isa guddaa keessaa tokko waliigalteen kun jiruu irra akka ooluuf meeshaa ta'uu, akkasumas waliigaltichi karaa hundumaa hujii irra ooluu isaa ilaaluudha.

14.2 *Irreessaa Hordofaa (Compliance Lieutenant)*. MPD irreessaa hordofaa tokko ka guyyaa guutuu hojjetu ni dhaaba/kenna ka Waliigalteen kun sirriitti hujii irra ooluu isaa to'atuu fi qindeessu.

14.3 *Waggaa Tokkoffaa fi Lammaffaa Fudhatama Waliigaltee Kanaa Bbooda.* Waliigalteen kun Iddoon Ga'amee (Effective Date of this Agreement) wagga jalqabaa fi lammaaffaatti MPD ji'a sadii sadiitti gabaasa ni dhi'eessa guddina hujii Waliigaltee kanaa ilaalchisee PCRC tti, Koree Magaalaa fi Bulchaa magaalaatti.

14.4 *Gabaasa Itti Fufuu.* Guyyaa jaatama (60) keessatti ayyaana Guyyaa Fudhatamaa fi isa boodas guyyaa ayyana isaatti amma Waliigalteen kun ittiin hojjetamaa jirutti MPD ni gabaasa PCRC tti, Koree Magaalaa fi Bulchaa Magaalaa tti jiruun Waliigaltee kun hujii irra ooluu isaa.Gabaasa isaa keessatti kan hir'atee fi kan hordoffaa dhabe yoo jiraate mul'isee MPD akeeka/tarkaanfii rakkina kana fooyeessuuf qabu ni hima.

14.5 *Furmaata.* Gareen tokko Waliigaltee kanan buluudhaa yoo baate, gareen inni ittiin bulu garee isa ittiin hin bulle hir'inaa jiruu fi hir'ina kanaaf furmata kennuuf tarkaanfii barbaachisu kitaabaan itti beeksisa. Gareen xalayaa/kitaaba hubachiisaa kana argatu guyyaa kudhan keessatti xalayaadhaan beeksisuu qaba. Garewwan kun falma isaanii hiikuutiif battalatti PCRC wajjin hojjetu. Garewwan kun falma isaanii ofii isaaniitiin yoo hiikachuu dadhaban, gareen abbaa fedhee tokko HidhataTajaajila Hawaasaa (Community Relations Service (CRS)) Murna Seera Qajeelchaa Ameriikaa quunamuu danda'a, akkasumas CRS gaafachuu danda'a gidduu galee falama kanaaf furmaata akka kennuuf.

14.6 *Koree- Jalee Iddoon Geessisaa*. Miseensa kudhan ka qabu koreen jalee Iddoon Geessisaa ni uumama of keessaa ka qabu misensota shan bakka buutota jarmayaa UCMT keessaa - UCMT iin ka ramadaman, missensota sadii MPD keessaa, Murna Haqa Ilma Namaa (Department of Civil Rights) keessaa koree ka geggeessan miseensota lama.

14.7 *Iddoon Ga'uu.* PCRC yoo amane Ajajaan yks geggeessitooni murnaa waliigaltee kana keessaa kutaa amma ta'e yoo hin raawwatin/iddoon hin ga'in hafan, falmi garewwan kana gidduu jirus yoo hiikamuu dadhabe, koreen jalee iddoon geessisaa (compliance subcommittee) dubbii isaa qoree erga bira ga'ee booda gabaasa kenna akkasumas kallatiitiin ni dabarsa iddoon geessisuuf gara Koree Geggeessaa Hujii Mana Marii Magaalaa (Executive Committee of the City Council) (kana booda, Koree Geggeessaa Hujii (Executive Committee) jedhama), qorannaa waggaaf, guddisa miindaa yks tarkaanfii ka biraa ka Koree Geggeessaa Hujii tti mul'ate. Haa ta'u iyyuu malee Koreen Geggeessaa Hujii gaaffii PCRC gaafate yoo iddootiin ga'u dhaabaate, akkasumas akka ilaalcha PCRC tti tarkaanfii Koreen Geggeessaa Hujii fudhate ga'aa yoo hin taane, PCRC mirgi isaa eegamaadha akka 14.5 jalatti dubbatametti furmaata itti kennuutiif.

FUULLEEN MALLATTOO ITTI FUFA

GAREE TOKKUMMAA HAWAASAA

_____
Luba Ian D. Bethel, Sr.
Dura taa'aa, Koree Tokkummaa Hawaasaa (Community Unity Team)
Minnesota State Baptist Convention, Inc.
Gumii Waldaa Walga'ii Baptistii Biyya Minnesootaa

_____
William Means
Itti Aanaa Dura taa'aa, Koree Tokkummaa Hawaasaa
Minnesota O.I.C. State Council
Koree O.I.C Biyya Minnesootaa

_____
Ronald Edwards
AAPA

_____
Clyde Bellecourt
American Indian Movement
Warraqa Hindii Amerkaanii

_____
Hojjettuu Wangeelaa (Evangelist) Mary Flowers Spratt
A.W.M.I.N.

_____
Mark Anderson
Ajajaa Duraa, Barbara Schneider Foundation

_____
Harry "Spike" Moss
The City, Inc.

_____
Zachary Metoyer
Federal Mediation Now, Inc.

Justin Huenemann
Itti Aanaa, Metropolitan Urban Indian Directors

Anita Urvina Selin
Minneapolis Commission on Civil Rights
Bakka Buutuu Miraga Namaa Minneapolis

Gregory Gray
Minneapolis Urban League
Waldaa Magaalaa Minneapolis

Gloria Freeman
New Beginnings Baptist Tabernacle
Mana Sagadaa Jalqaba Haaraa Baptistii

Booker Hodges
New Directions Youth Ministry
Kallattii Haaraa Tajaajila Dargaggootaa

Alfred Flowers
New Directions Youth Ministry
Kallattii Haaraa Tajaajila Dargaggootaa

Doug Federhart
OutFront Minnesota

Marie Clark
Bakka Buutuu Bartoota University Minnesota

Tony Looking Elk
Urban Coalition

Michael Yang
Urban Coalition

MURNA SEERA QAJEELAA AMERIIKAA
(UNITED STATES DEPARTMENT OF JUSTICE)
TAJAAJILA DHIMMA HAWAASAA

Patricia Glenn
Giddu Galtuu Hidhata Biyyaa

MURNA POLISA MINNEAPOLIS

Robert K. Olson
Ajajaa Polisaa

RAGAA BA'AME MISEENSOTA GAREE GIDDU-GALTUUTIIN:

_____
Lucy Gerold
Itti Aantuu Ajajaa

_____
Sharon Lubinksi
Itti Aantuu Ajajaa

_____
Qorataa Robert Allen

_____
Qorataa Stacy Altonen

_____
Qorataa Tim Dolan

_____
Qorataa Donald Harris

_____
Irreessaa Shantamaa Medaria Arradondo

_____
Irreessaa Shantamaa Michael Davis

_____

Irreessaa Shantamaa Duwayne Walker

_____

Qondaala Mark Klukow

_____

Qondaala Laura Turner

_____

Irreessaa Shantamaa John Delmonico

_____

James P. Michels

_____

Miseensa Kora Paul Zerby, Ulaa Lammaffaa

_____

Allan Bernard

_____

Vanne Owens-Hayes

_____

Eileen Kapaun